Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Nagaatti Farhoon!



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Lyn Doerksen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.



Farahoon in aare!
Israa'eloota garba ta'anii Gibxi keessa jiran akka gadhiisuuf karaa Musee Waaqayyo isa ajajee jennaan dide .

Farahoon geggeessitoota garboota akka hojii ulfaataa hojjisiisaniif ajaje. Amma waanti jiru Israa'elotta biyya Gibxi keessa garbummaan jiranitti daran hammataa ta'e.

3

"Cidii ofii keessanii walitti qabadhaa. Kana booda cidiin isiniif hin laatamu. Garuu lakkoofsa xuubii hojjechuuf duraan isiniif laatamee hojjettanii akka dhiyeessan ajaji Farahoon irraa darbe.



4

Garboota cidii walitti qabachuuf yeroo dhaban xuubii isaan irraa eegamu hojjechuu dahaban ajajaan garbootaa garboota

muraasa tume.



5

Gidiraan sababa Musee fi Aaroniif nutti dhufe jechuun komatan. Museen bakka kadhataa qopheesse. "Waaqayyo jechuun iyye, sabi kee oolchuuf waa tokko

illee hin goone," "Ani Waaqayyo keessaan sibaasa," jechuun deebiseef.

6

Achii booda Waaqayyo Musee fi Aaroniin deebi'anii fuula Farahoonitti erge.

Milikkita uleen Aaron gara bofaatti jijjiirame milikkiti Waaqa mul'ate.



7

"Xibaartota koo waamaa," jechuun Farahoon dhaadate. Xibaartoti Gibxii ulee isaanii darbatanii lafa buusan ulichi bofa ta'e. Uleen Aaron liqimseen. Ammas Farahoon saba Israa'el gadhiisuu dide.

8

Borumtaa isaa, Musee fi Aaron Farahoniin lagatti arganiin. Yeroo Aaron ulee isaa qabatu Waaqayyo bishaan lagichaa gara dhiigaatti jijjiire. Qurxummiin du'e! Sabin dhuguu dhiise.

9

Farahon onneen isaa jabaate. Israa'elooti akka isaan Gibxiin gadhiisan heyyamuu dide.

10

Ammas, Museen saba Isaraa'eliin akka gadhiisu itti hime. Farahoon hind ide. Dha'icha biraa Gibxitti Waaqayyo erge. Gibixi guutummaan fatten guutame. Manni, kutaalee manaa, bakki itti nyaati qophaa'u illee utuu hin hafin fatteedhaan guutame.

11



"Akka Waaqayyo fattee narraa baasuuf naaf kadhadhaa," jedhe Farahon. "Saba Isaraa'el gadandhiisaa." Garuu, yeroo fatten deeman, Farahoon yaada isaa jijjiire. Garboota gadhiisuu dide.

12

Waaqayyoo dha'icha injiraanii namaa fi horiitti ergee, mootichi qalii isaa diddirrachuu dide.



13



Itti aansee Waaqayyo dha'icha qarxaasaa erge. Waaqayyo Dhibee horii Gibxootaa ajjeesu erge. Sabin rakkoodhaan qorame. Amma illee Farahoon Waaqayyoon dhaga'uu dide.

14



Dha'icha itti aanuun, gurmuu hawaannisaa itti erge. Hawwannis magariisa waan ta'eef biyya Gibxi keessa jiru nyaate.

15



Waaqayyo guyyoota sadii guutuu dukkan erge. Qalbiisaa kan jijjirachuu dide Farahoon Israa'eliin gadhiisuu dide.

16

"Dha'icha tokko akka ergu," Waaqayyo akeekkachiise. "Halkan walakkaa, Angafa ta'ee kana dhalate kan namaa fi hori du'e." Angafin namaa fi horii dhalate kan Israa'el hin dune.



17

Halkan walakkaa iyyi jabaan biyya Gibxi keessatti ta'e. Du'i jabaan biyyichatti inta'e. Yoo xinnate tokkoon tokkoon mana warra Gibxii keessaa naming tokko du'e.

18



"Ala ba'I," Farahoon Musee kadhate. "Dhaqii Waaqayyoon tajaajili." Ariifadhu, saba Waaqayyoo gara daangaa Gibxitti baasi.

19

Waaqayyo Museen Halkan darbe akka yaadatuuf itti hime, sababiinsaa ergamaan Waaqayyoo mana Israa'eloota irra darbee Fara'oo fi saba isaa qorama itti erge.

20



Garbummaa waggaa 430 booda sabin Waaqayyoo bilisa ba'e. Utubaa duumessaan fi ibiddaan halkan isaan geggeesse Waaqayyo.

21



Farahoon garuu dhimma Israa'eloota waliin qabu hin xumurre. Ammas, Waaqayyoon irraanfate. Irra deebi'uun sammuu isaa jijjiire.

22

Loltuu isaa walitti qabatee garboota isaa faana bu'e. Akkuma sanaan, kiyyoo galaana gidduutti isaan arge.

23

"Waaqayyo siif lolladha," jedhe Museen. Museen gara qarqara galaanaatti gad bu'e harka isaa diriirse .

24

Dinqii guddaan in ta'e. Waaqayyoo daandii galaana keessa ittiin ce'an baneef. Sabi Israa'el uruu balaan tokko isaan irra hin ga'in galaana sana ce'an.



25

Loltooti Farhoon gara galaana diimaatti ariitiidhaan gulufan. "Amma qaqqabnee isaan qabna jedhaii," yaada loltootaa ture. Garuu Waaqayyo galaana cufe. Loltooti Gibxi bishaaniin liqimfaman.



26

Nagaatti Farhoon!

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera ba'uu 4-15

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

27

Xumurameera

11 60

28

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

29